# Firdhamjechoota Hormaataafi Yaasaa Gochima Afaan Oromoo

DOI: https://doi.org/10.20372/n857-ca71

Girmaa Guddataa[1], Alamayyoo Faqqadaa[1], Cimdii Waaqumaa[1]

[1]Yuunivarsiitii Jimmaa Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu, Itoophiyaa

[2]Yuunivarsiitii Jimmaa Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu, Itoophiyaa

[3]Yuunivarsiitii Jimmaa Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu, Itoophiyaa

**AXEERARA**

*Kaayyoon qorannoo kanaa firdhamjechoota adeemsa hormaataafi yaasaa gochimaa Afaan Oromoo keessatti mul'atan xiinxaluudha. Xiinqooqa Afaan Oromoo irratti qorannoon namoota garaagaraan gaggeeffame jiraatus, xiinjecha gochima afaanichaa keessatti firdhamjechoota irratti xiyyeeffachuun hanga sakattaaametti qorannoon hojjetame hinjiru. Qorannoon kunis kanarraa ka'uudhaan gaggeeffame. Kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf, malli qorannoo akkamtaafi saxaxni isaa ammoo addeessaadha. Kanamalees, qorannichi dibaabee bu'uurhojii yaaxina xiinqooqa bu'uuraa jalatti yaaxxina xiinjecha addeessaa bu'uureffachuun gaggeeffame. Maddi ragaalee qorannichaa korpusii barreeffamaa (kitaaba batattootaa kutaa 5-12, asoosamoota Afaan Oromoofi galmeewwan jechootaa Afaan Oromoo), odeef-kennitoota afaan dhalootaafi ofgaaffii (introspection) ture. Haaluma kanaan, akka xiinxalli ragaa qorannichaa agarsiisutti, adeemsa hormaataafi yaasaa gochimaa Afaan Oromoo keessatti firdhamjechoota sadarkaa fufiifi hundee gochimaatti jiraachuun hubatameera. Adeemsa hormaata gochimoota Afaan Oromoo keessatti fufiileen firdhamjechoota tokkoo ol qabaachuun tajaajilan: fufii ramaddii ({-t-}), fufii danoominaa ({-n-}), fufii koorniyaa ({-t-})fi fufii hi'entaa ({hin-}) agarsiisan ta'uu hubatameera.Haaluma kanaan, firdhamjechoota {-t}: [-d-], [-x-], [-c-] fi [-s-], akkasumas kan {-n-}: [-n-], [-1-], [-r-], [-in-] fi [-an], kana malees kan {hin-}: [him-], [hiw-], [hiny-], [hil-], [hir-], [hiŋ-], [hiy-] fi [hiŋ-]) ta'uu adda baafamaniiru.Gama biraatiin, adeemsa yaasaa gochimootaa keessatti ammoo fufiileen taasisaa ({-s-/-sis-}), taasifataa ({-at-})fi taasifamaa ({-om-}) firdhamjechoota tokkoo ol qabaachuun qorannoo kanaan beekameera.Bu'uuruma kanaan, fufiin {-s-/-sis-} firdhamjechoota: [-is-], [-iis-], [-ch-], [-s-], [-ess-], [-eess-], [-s-], [-sis-] fi [-siis-], fufiin {-at-}: [-at-], [-edh-], [-odh-], [-en-], [-on-], [-et-], [-ot-], [-an-] fi [-achch-] akkasumas fufiin {-om-} firdhamjechoota {-om-] fi [-oom-] qabaachuu adda baafamaniiru. Sadarkaa hundeetti ammoo hundeewwan gochimaa qaama dhumaa isaaniirraa dhamsagoota /t/, /x/, /d/, qaban adeemsa hormaataa keessatti danoomina agarsiisuuf {-n-}, akkasumas*

*yaasaa keessatti taasisaa agarsiisuuf {-s-} maxxanfachuu irratti firdhamjechoota hundee uumamuun adda baheera. Gama biraatiin, firdhamjechoota sadarkaa fufiis ta'ee hundee gochima irratti mul'ataniif qabanni guddaan dhiibbaa adeemsa qindaa'ina xiindhamsagaa (phonological factor) keessaa firoommii, saaguufi walbaqannaan gahee olaanaa qabaachuu argannoon qorannichaa agarsiiseera. Dhumarratti, adeemsa qorannoo kanaa keessatti firdhamjechoota xiinjecha maqaafi maqibsaa dhimma fuulleffatame waan hintaaneef, qaawwaa qorannoo biraatiin duuduu qabuudha.* **Jechoota Ijoo:** xiinjecha, dhamjecha, fufii, firdhamjecha, gochima, hormaata, yaasaa

**SEENSA**

Afaan meeshaa dhalli namaa ittiin waliigaluufi yaada isaa ibsatuudha (Yule, 2010). Kanaaf, afaan jiruufi jireenya dhala namaa keessatti barbaachisaa ta'uun dirreewwan qorannoo xiyyeeffannoo argatan keessaa qaama tokkodha.Dirreen qorannoo afaanii ammoo xiinqooqa jedhama.Xiinqooqni dameewwan garaagaraa qaba.Dameewwan xiinqooqaa murtaawaa (gooree) keessaa xiinjechi isa tokkodha.

Xiinjechi akka damee xiinqooqaa tokkootti erga adda bahee beekamee booda hayyoonni xiinqooqaa garaagaraa hiika adda addaa yemmuu kennan nimul'ata. Fakkeenyaaf, akka Atche (2020)-fi Öz (2014) ibsanitti, xiinjechi damee xiinqooqaa ta'ee saayinsii caasaa keessoo jechootaafi adeemsa uumama jechoota afaan tokkoo qo'atudha. Karaa biraatiin, xiinjechi damee xiinqooqaa gooree ta'ee hariiroo dhamjechootaafi akkaataa isaan itti qindaa'anii jechoota horsiisaniifi uuman qo'ata (Jana, 2010). Kanamalees, xiinjechi saayinsii afaanii ta'ee akkaataa dhamjechoonni walitti dhufuun jechoota uuman qo'ata (Haspelmath, 2002). Yaada ibame kanarraas qo'annoo xiinjechaa keessatti dhimmi dhamjechaa murteessaa ta'uutu hubatama.

Dhamjechi ammoo qaama xiqqaa qabiyyee hiikaa yookaan tajaajila caaslugaa qabaachuun jecha ta'u yookaan jecha ijaaru ta'ee, qaamolee xixiqqaa biroo kanneen hiika yookaan tajaajila caaslugaa qabanitti qoodamuu hindandeenyeedha (Katamba, 1993). Akka Laurel and Donna (2010) ibsanitti, dhamjechi galmoowwan (contexts) garaagaraatti galee yookaan faca'ee bifa adda addaa qabaachuu danda'a. Bifni garaagaraa dhamjechi tokko bakka adda addaatti faca'ee qabaatu kun ammoo firdhamjecha jedhama (Yule, 2010). Adeemsa hormaataafi yaasaa gochima Afaan Oromoo keessattis firdhamjechoota adda addaa mul'atan ammoo qorachuun adda baasanii ibsuun barbaachisaadha. Qabanni isaas, addatti beekumsa kallattii kanarratti jiru

gabbisuu irra darbee akka waliigalaatti ammoo waaltina xiinjechaa afaanichaafis ta'ee guddina caaslugaa afaanichaaf gumaacha guddaa qaba.

Gochimni garee jechaa gocha yookaan ta'umsa waan tokkoo ibsuudha (Poole, 1999). Akka Katamba (1993 ibsutti, afaanota hedduu keessatti xiinjechi gochimaa xiinjecha garee jechootaa biroo caalaa walxaxaadha. Afaanota xiinjechi gochimaa isaanii baay'ee walxaxaa ta'an keessaa ammoo Afaan Oromoo isa tokko (Baye, 1986). Kun ammoo qorannoon gadifageenyaafi bal'ina qabu xiinjecha gochima afaanichaarratti gaggeeffamuu akka qabu akeeka. Qo'annoon xiinjecha gochimaa xiinjecha hormaataafi xiinjecha yaasaa jalatti ilaalamuu danda'a. Xiinjechi hormaata gochimaa qaama gochimaatti qabata dhamjechi hortee maxxanuun gareen gochimummaa osoo hinjijjiiramiin unkaa gochimaa qofaa jijjiiruun adeemsa gochima horsiisuu ilaallata (Yusuf, 2021). Gama biraatiin, akka Katamba (1993) ibsutti, xiinjechi yaasaa gochimaa ammoo adeemsa dhamjechi yaasaa jecha tokkotti maxxanuun hiika bu'uuraafi garee jechaa jijjiirun gochima haaraa uumuu yookaan yaasuu ilaallatuudha. Yaada ibsame kana irraa ammoo xiinjecha hormaataa keessattis ta'ee xiinjecha yaasaa gochimaa keessatti dhamjechiifi akaakuun isaa murteessaa ta'uutu hubatama.

Dhamjechi galmoowwan (contexts) garaagaraa keessatti galee yookaan faca'ee tajaajiluun bifa adda addaa qabaachuu danda'a (Laurel and Donna, 2010). Bifni dhamjecha tokkoos dhamsagoota naannoo isaa jiraniifi akaakuu hundee (qaama jechaa) itti maxxanuun yookaan haalota biroon dhiibbaa irra gahaan uumamuu danda'a (Tarigan and Sembiring, 2023). Qorannoo kanaanis adeemsa hormaataafi yaasaa gochimoota Afaan Oromoo keessatti firdhamjechoota mul'atan adda baafamaniiru.
Qorannoowwan hanga ammaatti kalattiinis ta'ee al-kallattin qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban keessaa Tolemariam (2009), Wakweya (2014) fi Eba and Girma (2019) ilaaluun nidanda'ama.Tolemariam (2009) yaasaa gochima Afaan Oromoo Afaanota Itoophiyaa kanneen ta'an Afaan Amaaraafi Afaan Shakkinoono waliin walbira qabuun addeesseera. Qorannicha keessattis akka garee Afaan tokkootti adeemsa yaasaa gochimaa Afaan Oromoo ibseera. Haata'u malee, qorannichi adeemsi yaasaa gochimaa Afaan Oromoo maal akka fakkaatu agarsiisuu irra darbee firdhajeewwaniifi haala isaan itti uumamaniif xiyyeeffannoo kennee hinibsine. Wakweya (2014) gama isaatiin qorannoo isaa hormaata gochimaafi maqaa Afaan Oromoorratti daanga'e keessatti dhamjechoota mul'atan ibsuun ala firdhajeewwan achi keessatti argaman irratti hinxiyyeeffanne. Gara biraatiin, Eba and Girma (2019) barruu qorannoo matadureen isaa "Causative Constructions in Afaan Oromoo: Formal and semantic perspectives" jedhu keessatti yaasaa gochima Afaan Oromoo keessatti adeemsa taasisaa

kallattii unkaafi tajaajilaan addeessaniiru.Argannoo qorannoo isaaniitiinis haalawwan gochima taasisaa Afaan Oromoo keessatti mul'atan bifa sadii: bifa dhamjechaa (morphological), bifa bu'uurjechaa (lexical)-fi bifa caasimaa(syntactic) ta'uu addeessaniiru.Haata'u malee, firdhajeewwan adeemsa hormaataafi yaasaa gochimoota afaanichaa keessatti mul'ataniifi haala uumama isaanii irratti fuleffachuun adda baasanii hinibsine. Dabalataanis, Daani'eel (2020) qorannoo digirii sadaffaa isaa mataduree "Caasaa Gaalee Gochimaa Afaan Oromoo" jedhu keessatti akka boqonnaa tokkootti dhamjechoota caasaa gaalee gochimaa keessatti tajaajilan xinxalee jira. Haata'u, malee innis akkuma qorannoowwan kaanii firdhajoota xiyyeeffannoo isaa hin taasifanne.

Walumaagalatti, qorannoowwan olitti ibsaman kunneen haala adeemsa hormaataas ta'ee yaasaa gochimoota Afaan Oromoo keessatti adeemsaafi dhamjechoota mul'atan addeessuu malee firdhajeewwan achi keessatti argaman irratti xiyyeeffachuun hinibsine. Karaa biraatiin hojii isaanii keessatti firdhamjechoota xiyyeeffannoo isaanii hinturre. Qorannoon kun garuu yaasaafi hormaata gochimaa Afaan Oromoo keessatti firdhajeewwaniifi haala uumama isaanii xiinxaluufi ibsuu irratti xiyyeeffachuun adda ta'eera. Kanaaf, kaayyoon waliigalaa qorannichaa firdhamjechoota adeemsa hormaataafi yaasaa gochimaa Afaan Oromoo keessatti mul'atan adda baasuufi haalawwan firdhamjechoota kunneen uumuu keessatti gumaachan xiinxaluudha. Bu'uuruma kanaan, xiyyeeffannoon guddaa barruu qorannoo kanaa caasaa jechaa keessatti dhamjechaafi bifoota garaagaraa dhamjechaarrattidha. Dhamjechoonni qorannicha keessatti ibsamaniifi xiinxalaman ammoo kanneen unkaan ykn bocaan dhamsaga ta'an ta'uu danda'u. Fakkeenyaaf, /t/ fi /n/ bocaan ykn sadarkaa sagaleetti yoo ilaalaman dhamsagadha; tajaajila caaslugaa hin agarsiisan. Sadarkaa sagaleettis dhamsagaafi firsagni isaanii ilaalamuu danda'a. Haata'u malee, caasluga jechaa adeemsa hormaataafi yaasaa keessatti sadarkaa sagalee ykn dhamsagaatti osoo hin taane, sadarkaa dhamjechaatti tajaajila hiikaafi caaslugaa qabaniin ilaalamu danda'u. Qorannoon kunis kan fuuleffate sadarkaa dhamsagaatti osoo hin taane sadarkaa dhamjechaatti ta'uun hubatamuu qaba. Kana keessatti yemmuu dhamjechoonni qaama jechaa keessatti bakka garaagraa galuun tajaajila yaasaa ykn hormaata agarsiisan dhiibbaan adeemsa xindhamsagaatiin (Phonological factor): firoommii, saguu.. irra gahu jiraachuu danda'a. Dhiibbaa gaheen ammoo unkaan dhamjechaa sun bifa garaagraan mul'achuu dandeessi. Bifti garaagraa kun ammoo firdhamjecha ta'a. Eegaa qorannoon kunis yaada bu'uuraa (perspective) kana giddugaleeffachuun gaggeefame.

**MALLEEN QORANNICHAA**

Qorannichi dibaabee bu'uurhojii Yaaxina Xiinqooqa Bu'uuraa (basic linguistic theory) jalatti yaaxxina xiinjecha addeessaa (theory of descriptive morphology) bu'ureffachuun gaggeeffame. Kanamalees, qorannichi mala qorannoo akkamtaa keessaa saxaxa qorannoo addeessaatti dhimma bahe.Kanaaf, qorannichi mala qorannoo akkamtaafi akaakuu qorannoo addeessaa bu'ureffate. Maddi ragaa qorannichaa korpusii barreefamaa (asoosamoota, kitaablee Afaan Oromoo barattootaa kutaa 5-12, Asoosamoota Afaan Oromoo, galmee jechootaafi kitaablee caaslugaa wabii) ture. Meeshaaleen ragaan qorannichaa ittiin walitti qabame ammoo korpusii barreeffamaa, afgaaffi banaafi mala ofgaafiidha. Ragaan qorannichaa akka barbaachisummaa isaatti erga qindeeffame booda, jechoonni ragaadhaaf walitti qabaman sadarkaa dhamjechootatti unkaafi tajaajila isaaniitiin xiinxalamaniiru.Akkasumas dhamjechoonni akkaataa jecha keessatti itti galaniin addeeffamaniiru.

## DHIYEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE

### Hormaata Gochimaa keessatti Firdhamjechoota Hortee Mul'atan

Adeemsa hormaata gochima Afaan Oromoo keessatti daangaa hundee gochimaa irratti fufiileen yemmuu maxxanfaman sababa adeemsa firoommiitiin jijjiiramni bifaa fufii irratti nimul'ata. Bu'uuruma kanaan, qorannoo kana keessatti daangaa hundee gochimaa irratti fufiilee duubee ramaddii lammaffaa agarsiistu {-t-}fi fufii danoomina agarsiistu {-n-} akkasumas fufii duree hi'enta agarsiistu maxxansuu keessatti jijjirama unkaa mul'atan ragaa afaanichaa irratti hundaa'uun ilaaluun danda'amee jira.

*Firdhamjechoota Ramaddii Lammaffaa Agarsiistuufi Ramaddii Sadaffaa keessatti Koorniyaa agarsiisan (Fufii Tajaajil Heddee keessatti)*

Adeemsa hormaata gochimaa Afaan Oromoo keessatti fufiin {-t-} hundee gochimaatti maxxanuun ramaddii lammaffaa qeenxeefi danuu keessatti nitajaajilti (Addunyaa, 2013; Filee, 2015). Kanamalees, Afaan Oromoo keessatti unkaan fufii kanaa hundee gochimaatti maxxanuun ramaddii sadaffaa keessatti koorniyaa dhalaa agarsiisuun yemmuu tajaajiltu nimul'ata. Kun ammoo fufiin {-t-} ramaddii lammaffaafi koorniyaa dhalaa agrsiistu unkaan tokko taatus tajaajilaan garuu gargar ta'uun fufii bif-tokkee ta'uutu hubatama. Fufiin kun daangaa hundee gochimaa irratti yemmuu maxxantu adeemsa firoommiitiin gara bifa fufiilee [-d-], [-x-], [-c-] fi [-s-]itti jijjiiramti. Karaa biraatiin, unkaan ramaddii lammaffaafi ramaddii sadaffaa keessatti ammoo koorniyaa dhalaa agarsiistu kun, hundeewwan gochimaa dhumni isaanii dhamsaga dubbifamaa kanneen akka /d/, /x/, /c/ fi /y/ ofirraa qaban irratti yemmuu maxxantu sababa firoommii guutuutiin gara unkaa fufiilee [-d-], [-x-], [-c-] fi [-s-] itti jijjiiramti. Kanas, ragaalee armaan gaditti ( 1a-l) dhihaatan irraa ilaaluun nidanda'ama.

**(1)** a. fid-+-t-+-e ≠ fidte→**[**fid**d**e] (Ramaddii lammaffaa qeenxee)

(Ati kitaaba meeqa fidde?)

b. fid-+-t-+-e ≠ fidte→**[**fid**d**e] (Ramaddii sadaffaa dhalaa )

(Isheen kitaaba fidde.)

c.lix- +-t-+-e ≠ lixte→ [lix**x**e] (Ramaddii lammaffaa qeenxee)

(Ati nyaata ijoollee jalaa fixxe.)

d.lix- +-t-+-e ≠ lixte→ [lix**x**e] (Ramaddii sadaffaa dhalaa)

(Isheen mana lixxe.)

e. did-+-t-+-e ≠ didte →**[**did**d**e] (Ramaddii lammaffaa qeenxee)

(Ati nyaata maaliif didde?)

f. did-+-t-+ -e ≠ didte → [did**d**e] (Ramaddii sadaffaa dhalaa)

(Isheen nyaata didde.)

g.fix-+-t-+-e ≠ fixte →**[**fix**x**e] (Ramaddii lammaffaa qeenxee)

(Ati hojii kee fixxee?)

h.fix-+-t-+-e ≠ fixte →**[**fix**x**e] (Ramaddii sadaffaa dhalaa)

(Isheen hojii ishee fixxe.)

i.qic-+-t-+-e ≠ qicte →**[**qic**c**e] (Ramaddii lammaffaa qeenxee)

(Ati aannan xiqqoo adurreef qicce)

j. qic-+-t-+-e ≠ qicte →**[**qic**c**e] (Ramaddii sadaffaa dhalaa)

(Isheen ‘aannan addurree **qicce**.)

k. booy- + -t- + -e ≠ booyte → **[**boos**s**e] (Ramaddii lammaffaa qeenxee)

(Ati kaleessa maalif **boosse?**)

l. booy- + -t- + -e ≠ booyte → **[**boos**s**e] (Ramaddii sadaffaa dhalaa)

(Isheen mucaa isheetiif **boosse**.)

Akkuma ragaalee armaan olitti (1a-l) dhihaatan irraa hubachuun danda’amu, uuma firdhajoota keessatti dhiibbaan adeemsa xiindhansagaa gahee guddaa qabaatee jira. Kunis, adeemsa firoommii guutuutiin fufiin {-t-} gara unkaa fufiilee [-d-], [-x-], [-c-]fi [-s-] itti jijjiiramuudha. Adeemsa firoommii kana keessattis jijjiiramni uumame, fufiin {-t-} ramaddii lammaffaa keessatti ramaddii agarsiisuufi ramaddii sadaffaa keessatti ammoo koorniyaa dhalaa agarsiisuu irratti qaamolee hundeewwan gochimaa: *fid-, did-, lix-, fix-, qic- fi booy-* itti maxxanuudhaan sababii ollaan fufii kanaa yookaan qaamni dhumaa hundeewwan gochimaa kunneen dhamsagoota dubbifamaa /d, x, c, y/ ta’een dhiibbaa dhufeedha.Kunis, hundeewwan gochimaa *fid-* fi *did-* qaama dhumaa isaanii irraa dhamsaga dubbifamaa /d/ waan qabaniif, dhiibbaa dhamsaga dubbifamaa kanaan fifiin {-t-} gara olla ishee /-d-/ itti firoommii guutuudhaan

jijjiiramte. Akkasumas fufiin {-t-} hundeewwan gochimaa *lix-* fi *fix-* itti aanuun waan maxxanteef, adeemsa firoommii guutuutiin gara dhamsaga dubbifamaa ollaa ishee kan qaama dhumaa hundee gochimaa irratti argamuu /x/ itti jijjiiramtee jirti.Kanamalees, hundee gochimaa qaama dhumaa irraa dhamsaga dubbifamaa /c/ qabu (qic-) itti yemmuu fufiin {-t-} kun maxxantu gara dubbifamaa ollaa ishee /c/ itti guutummaatti firoomtee jirti.Walumaagalatti, ragaalee armaan olii (3a-l) irraa fufiin {-t-} ramaddii lammaffaafi ramaddii sadaffaa dhalaa agarsiisuu keessatti yemmuu hundeewwan gochimaa dhuma qaama isaanii irraa sagaleewwan dubbifamaa /d, x, c, y/ qaban itti maxxantu, dhiibbaa adeemsa firoommii guutuutiin gara unkaalee fufii [-d-], [-x-], [-c-]fi [-s-] itti jijjiiramuu isheetu argama.Kana irraa ammoo unkaaleen fufii [-d-], [-x-], [-c-] fi [-s-] firdhamjechoota fufii {-t-} ta'uu isaaniitu hubatama.

Bifuma walfakkaatuun, daangaa hundee gochimaa irratti fufii {-t-} maxxansuu keessatti adeemsa firoommii gamisaatiin jijjiiramni unkaa fufii irratti nita'a.Keessumaa, jijjiiramni kun hundee gochimootaa qaama dhumaa isaanii irraa dhamsagoota dubbifamaa /g, b, q/ qaban irratti fufii kana maxxansuu keessatti nimul'ata. Ragaaleen aramaan gaditti (2a-f) dhihaatanis adeemsa firoomii gamisaatiin firdhamjechoota uumaman agarsiisu.

**(2)** a. mug-+-t-+-e ≠ mugte→**[**mug**d**e] (Ramaddii lammaffaa qeenxee)

(Ati osoo sa'aan hirribaa hingeenye mugde.)

b. mug-+-t-+-e ≠mugte→ [mug**d**e] (Ramaddii sadaffaa dhalaa)

(Isheen konkolaataa keessatti mugde)

c. reeb-+-t-+-e ≠ reebte→ [reeb**d**e] (Ramaddii lammaffaa qeenxee)

(Ati balleessaa isaa malee reebde.)

d. reeb- +-t-+-e ≠ reebte→**[**reeb**d**e] (Ramaddii sadaffaa dhalaa)

(Isheen daa'ima reebde.)

e.baq-+-t-+-e ≠ baqte→ [baq**x**e] (Ramaddii lammaffaa qeenxee)

(Ati sababa furdina keef baqxe**.**)

f.baq-+-t-+-e ≠ baqte → [baq**xe**] (Ramaddii sadaffaa dhalaa)

(Isheen aduu keessatti baqxe.)

Akkuma ragaan (2a-f) agarsiisu, daangaa hundee gochimaa irratti fufii {-t-} maxxansuu keessatti firoommiin gamisaa taasisamee jira.As keessatti fufiin {-t-} unka sadarkaa dhamsaga dubbifamaa qabdi.Kanaaf, adeemsa uumama dhamsaga dubbifamaatiin yoo ibsamtu, bakka uumamaan irgee, haala uumamaan cufaa, akkasumas haala dibbee sagaleetiin qooqa dhabeessa taati. Daangaa dhuma hundee gochimaa irratti dhamsagoonni dubbifamaa halaa dibbee sagaleetiin qooqa qabeessaafi bakka uumamaan immoo hidhi-lameefi harsassee, haala

uumamaatiin cufaa ta'anitti aantee fufiin {-t-} yoo maxxanfamte, adeemsa firoommii gamisaatiin gara fufii unkaa [-d-] qabdutti jijjiiramti. Kanamalees, fufiin {-t-} daangaa karaa dhumaa hundee gochimarratti dhamsaga dubbifamaa haala uumamaatiin dhootuu, bakka uumamaatiin harsassee taate /q/ itti aantee yoo maxanfamte, gara unkaa fufii [-x-] itti jijjiiramti. Walumaagalatti, fufiin {-t-} hundeewwan gochimaa qaama dhuma isaanii irraa dhamsagoota duubifamaa /g/, /b/, /q/ qaban (mug-, reeb-, baq-) itti yemmuu maxxantu, sababii dhiibbaa ollaa isheetiin adeemsa firoommii gamisaatiin gara unkaalee fufii [-d-] fi [-x-] itti jijjiiramuu isheetu hubatama.Bu'uuruma kanaan, adeemsa firoommii gamisaatiin unkaaleen fufii uumaman kunneen [-d-] fi [-x-] ammoo firdhamjechoota fufii {-t-} ta'uu isaaniitu hubatama. Walumaagalatti, ragaaleen (1) fi (2) jalatti dhihaatan adeemsa qindaa'ina dhamjechootaa addaa addaa (sadarkaa firoommii) keessatti firdhamjoonni {-t-} uumamuu danda'uu agarsiisanii jiru.

Akka waliigalaatti, qorannoon kun dhima dhamjechaa keessatti wa'ee firdhamjechoota irratti waan xiyyeeffatuuf, ragaalee dhihaatan (1) fi (2) keessatti ibsiifi xinxalli qorannichaa jijjiirama sadarkaa dhamsagaarratti ta'u qofaarratti kan bu'uureffate miti. Kana jechuun ragaalee dhihaatan irraa ilaaluun akkuma danda'amu, dhamjechoonni (fufiileen) mul'atan sadarkaa dhamsagaa yookaan sagalee tokkootti ta'anii naannoo garaagaraa galuun bifoota adda addaa qabachuun tajaajila caaslugaa (hiika) walfakkaataa tokko qofa qabaachuutu mul'ata. Bu'uuruma kanaan, fufiin {-t-} hormaata gochima Afaan Oromoo keessatti naannoo garaagaraa galuun tajaajila caaslugaa ramaddii sadaffaa qeenxee keessatti koorniyaa akkasumas ramaddii lammaffaa keessatti ramaddii agarsiistu naannoo garaagaraa galuun bifoota [-d-], [-x-], [-c-], [-s-]fi [-t-] qabaachuu ragaalee dhihaatan irraa hubachuun nidanda'ama. Kanaaf, kallattii kanaan yoo ilaalame hojiin qorannoo kanaa firdhamjechoota sadarkaa dhamsagaatti haala xindhamsagaa irratti hunda'uun mul'atan (phonologically conditioned allomorphs) xinxaluurratti kan xiyyeeffate ta'uun hubatamuu qaba.

*Firdhamjechoota Fufii Danoomina Agarsiistu*

Adeemsa hormaata gochimaa Afaan Oromoo keessatti fufiin {-n-} hundee yookaan qaama gochimaatti maxxanuun danoomina agarsiiti (Addunyaa 2013; Wakwaya 2014).Haata'umalee, fufiin kun daangaa hundee gochimaa irratti yemmuu maxxantu, adeemsa firoommiitiin gara bifa [-l-], [-r-] itti yemmuu jijjiiramtu nimul'ata. Kanas, ragaalee armaan gaditti (3a-f) dhihaatan irraa ilaaluun nidanda'ama.

**(3)** a. gal- + -n- + -e ≠ galne → [gal**l**e]

(Nuti manatti galle.)

b. fal-+-n-+-e ≠ filne → [fil**l**e]

(Nuti namoota barbaachisoo fille)

c. mal- + -n- + -e ≠ malne → [mal**l**e]

(Nuti mala malle.)

d. qal- + -n- + -e ≠ qalne → [qal**l**e]

(Nuti hoolaa qalle.)

e. mur- + -n-+ -e≠ murne → [mur**r**e]

(Nuti muka murre.)

f. bar-+-n-+-e ≠ barne → [bar**r**e]

(Nuti waan haaraa **barre.)**

Ragaalee olii (3a-f) irraa ilaaluun akkuma danda'amu, fufiin {-n-}hundeewwan gochimaa: *gal-, fal-, mal-, qal-, mur-* fi *bar-* irratti maxxanuudhaan ramaddii tokkoffaa keessatti danoomina agarsiisti.Kunis, fufiin {-n-} hundeewwan gochimaa dhuma qaama isaanii irratti dhamsaga dubbifamaa /l/ qaban (6a-d) itti aantee yemmuu maxxantu, amala uumama sagalee keessaa haala uumamaa (batee) olla ishee /l/ irraa fudhachuun gara dhamsaga ollaa ishee /l/ itti jijjiiramteeti.Kana jechuun, fufiin {-n-} adeemsa hormaata gochimaa keessatti ramaddii tokkoffaa danoomina agarsiisuuf, hundeewwan gochimaa dhuma qaama isaanii irratti dhamsaga dubbifamaa /l/ qaban irratti yemmuu maxxantu adeemsa firoommii guutuun gara fufii bifa [-l-] qabdutti jijjiiramuu isheetiin [-l-]n firdhamjecha {-n-} ta'uutu hubatama.

Gama biraatiin, akkuma ragaalee (6e,f) keessatti agarsiifame, qaama hundee gochimaa dhuma irratti dhamsaga dubbifamaa /r/ qabutti aantee {-n-} yoo maxxanfamte, amala uumama sagalee keessaa haala uumamaa (maddee) fudhachuun gara dhamsaga ollaa ishee /r/tti firoomteetti. Karaa biraatiin, ramaddii tokkoffaa keessatti danoomina agarsiisuuf fufiin {-n-} yemmuu hundee gochimaa qaama dhuma isaa irratti dhamsaga dubbifamaa /r/ qabutti maxxantu, dhiibbaa adeemsa firoommii guutuun gara fufii bifa [-r-] qabduutti jijjiiramti.Kana jechuun hundee gochimaa keessatti danoomina agarsiisuuf firoota fufii {-n-} keessaa tokko unkaa [-r-] ta'uutu hubatama. Walumaagalatti, adeemsa hormaata gochima Afaan Oromoo keessatti unkaaleen dhiibbaa adeemsa firoommii guutuutiin mul'atan, [-r-] fi [-l-]n, firdhamjechoota fufii {-n-} ta'uutu hubatama.

Kanamalees, fufiin {-n-} ramaddii 1$^{ffaa}$, 2$^{ffaa}$fi 3$^{ffaa}$ keessatti hundee yookaan qaamolee gochimaa irratti maxxanuun danoomina agarsiisuu irratti firdhamjechoota [-an] fi [-in-] qabaachuu dandeessi. Kanas, ragaalee armaan gadiitti (4) dhihaatan keessatti ilaaluun nidanda'ama.

**(4)** a. kolf- + -n- + -e ≠ kolfne → [kolf**in**e] (Ramaddii tokkoffaa danuu)

(Nuti ofitti kolfine).

a. sirb- + -n- + -e ≠ sirbne → [sirb**in**e] (Ramaddii tokkoffaa danuu)
(Nuti bakka cidhaatti sirbine).

b. ‘ijaajj- +-n- + -e ≠ ‘ijaajjne → [‘ijaajj**in**e] (Ramaddii tokkoffaa danuu)
(Nuti konkolaataa keessa ‘ijaajjine.)

c. deem- + -n ≠ deemn → [deem**an]** (Ramaddii sadaffaa danuu)
(Isaan kaleessa gabaa deeman.)

d. beek- + -n ≠ beekn → [beek**an]** (Ramaddii sadaffaa danuu)
(Isaan torbee darbe keessa sagantaa isaanii beekan.)

e. mur-+ -n ≠ murn → [mur**an]** (Ramaddii sadaffaa danuu)
(Isaan kaleessa bargamoo muran.)

f. deemt-+ -n ≠ deemtn → [deemt**an]** (Ramaddii lammaffaa danuu)
(Isin dheengadda deemtan mitii?)

g. dhuft-+ -n ≠ dhuftn → [dhuft**an]** (Ramaddii lammaffaa danuu)
( Isin kaleessa biyya ambaa dhuftan jedhan.)

Ragaaleen (4a-f) irratti dhihataan sababa dhiibbaa adeemsa xindhamsagaatiin fufiin danoominaa {-n-} bifoota fufiilee {-in-} fi {-an} qabachuu agarsiisu. Kunis, (4a-c) irratti ramaddii tokkoffaa danuu agarsiisuu keessatti fufiin {-n-} hundeewwan gochimaa qaama dhumaa isaanii irratti dhamsaga irrabutaa (kolf-, sirb-) akkasumas, jabaa (‘ijaajj-) qaban irratti maxxanuudhaan dhiibbaa adeemsa xindhamsagaa keessaa adeemsa saaguutiin bifa [-in-] ittijijjiiramteeti.Kanamalees, (4d-f) irratti fufiin danoominaa kun hundeewwan gochimaa ramaddii sadaffaa (deem-, beek-, mur-) keessatti akkasumas, (4g fi h) irratti ramaddii lammaffaa danoomina agarsiisuuf maxxanfatan irratti adeemsa saaguutiin bifa [-an] qabaachuu isheetu hubatama.

Qorannoon kun wa’ee firdhamjechoota irratti waan xiyyeeffatuuf, ragaalee dhihaatan (3) fi (4) keessatti ibsiifi xinxalli qorannichaa jijjiirama sadarkaa dhamsagaarratti ta’u qofaarratti kan bu’uureffate miti. Kunis, dhamjechi (fufiin) {-n-} sadarkaa dhamsagaa yookaan sagalee tokkootti taatee naannoo garaagaraa galuun bifoota adda addaa qabachuun tajaajila caaslugaa (hiika) walfakkaataa tokko qofa qabaachuutu mul’ata. Bu’uuruma kanaan, ragaalee olitti (3) fi (4) irratti dhihaatan keessatti adeemsa hormaata gochimoota Afaan Oromoo keessatti danoomina agarsiisuuf {-n-} bakka garaagaraa galuudhaan dhiibbaa adeemsawwan xindhamsagaa keessaa firoommiifi saaguudhaan firdhamjechoota [-n-], [-1-], [-r-], [-in-] fi [-an] qabaachuu isheetu hubatama.

*Firdhamjechoota Fufii Hi'entaa Agarsiistu*

Afaan Oromoo keessatti hi'entaa gochimaa agarsiisuuf dhamjechoota {hin-} fi {miti} tajaajila. Kunis, dhamjechi {hin-} gochimoota muummee duratti maxxanuun hi'entaa yemmuu agarsiistu, dhamjechi {miti} garuu walaba ta'ee dhaabbachuun hi'entaa gochimoota ta'umsaa '–dha fi –ti' agarsiisti (Tujube 2010). Adeemsa hormaata gochima Afaan Oromoo keessatti fufiin {hin-} gochimoota duratti maxxanuun bifa garaagaraa yemmuu qabaatu nimul'ata.Kanaan walqabatee, Addunyaa (2013) bifoota fufii kanaa kanneen ta'an [hin-], [him-], [hiŋ-], [hir-], [hiy-], [hiny-], [hil-] fi [hiɱ-] ta'uu caatoon kaa'ee ture. Haata'u malee, akkaataa faca'insa isaanii ragaan deeggaree hinibsne. Kanaaf, qorannoo kana keessatti fufiin duree kun faca'insaatiin bifa addaa addaa yookaan firdhamjechoota adda addaa qabaachuu ragaalee armaan gaditti (5) dhihaataniin mirkaneessuun nidanda'ama.

**(5)** a. hin- + beek- +-u→ [hi**m**beeku]

(Tolaan akka waamame himbeeku.)

b. hin- + mur- +-u→ [hi**m**muru]

(Qottoon doomaa muka himmuru.)

c. hin- + waam- + -u → **[**hi**w**waamu]

(Badhaasaan abbiyyuu isaa maqaan hiwwaamu.)

d.hin- + lat- + -u → [hi**l**latu]

(Mukni hiddi isaa cite hillatu.)

e. hin- + nyaat- + -u → **[**hi**ny**nyaatu]

(Galataan foon diimaa hinynyaatu.)

f. hin- + qal- + -u → **[**hi**ŋ**qalu]

(Boruun ayyaanatti hoolaa malee re'ee hiŋqalu.)

g. hin- + raf- + -u → **[**hi**r**rafu]

(Namni yaaddoo qabu hirrafu.)

h. hin- + yaab- + -u → **[**hi**y**yaabu]

(Namni miilla lama qabaateef muka lama hiyyaabu.)

i. hin- + fiig- + -u→ **[**hi**ɱ**fiigu]

( Konkolaataan hanga xiyyaaraa hiɱfiigu.)

Akkuma ragaalee olitti dhihaatan (5a-i) irraa ilaaluun danda'amu, fufii duree kan taate {hin-} hundeewwan gochimaa addaa addaa duratti maxxanuudhaan bifoota yookaan unkaalee garaagaraa uummattee jirti. Haaluma kanaan, ragaalee (5a) fi (5b) irratti dhihaatan keessatti hudeewwan gochimaa ka'umsa isaaniirratti dhamsagoota bakka uumama isaaniitiin hidh-lamee ta'an /b/ fi /m/ qaban (*beek-, mur-*) duratti maxxanuudhaan adeemsa firoommiitiin gara

bifa [him-] itti jijjiiramteetti.Adeemsa kana keessattis qaama fufii {hin-} kan taate dhamsaga dubbifamaa /n/tu dhamsagoota ollaa ishee /b/ fi /m/ irraa amala bakka uumamaa hidh-lamee fudhachuun gara dhamsaga hidh-lamee /m/ itti guutummaatti firoomee jira.Haaluma walfakkaatuun, (5c) keessatti fufiin {hin-} hundee gochima ka'umsa irratti dhamsaga dubbifamaa /w/ qabu (*waam-*) duratti maxxanuudhaan gara bifa [hiw-] itti jijjiiramteetti. Adeemsa jijjiiramaa kana keessatti ammoo dhamsanni qaama fufii {hin-} taate /n/n dhamsaga ollaa ishee /w/ irraa amala bakka uumamaa hidh-lamee fudhachuun ollaa isheetti firoommii guutuudhaan firoomtee jirti. Kanamalees, (5d) keessatti {hin-} hundee gochimaa jalqabarratti dhamsaga /l/ qabu (*lat-)* duratti maxxanuun bifa [hil-] argattee jirti. Kun aammo qaama {hin-}kan taate dhamsagni /n/ dhamsaga ollaa isheetti argamtu /l/ irraa amala haala uumamaa fudhachuun gara /l/tti waan firoomteef [hil-]n uumamuu agarsiisa. Dabalataanis, ragaa (5e) irraa akkuma ilaalamu, qaamni fufii hi'entaa ykn dhamsagni /n/ hundee gochimaa dhamsaga dubbifamaa /ny/n jalqabu (*nyaat-)* duratti maxxanuun gara bifa [hiny-] itti jijjiiramte. Jijjiirama kana irraa ammoo adeemsa firoommii guutuutiin dhamsagni dubbifamaa /n/n ollaa ishee /ny/ irraa amala bakka uumamaa laagee fudhachuun gara ollaa ishee /ny/ itti firomuutu hubatama.

Walumaagalatti, fufiin ***hi'entaa*** Afaan Oromoo **{hin-}n** yemmuu gochima duratti maxxanu haala dhamsaga jalqabaa gochimichaarratti hundaa'uudhaan bifoota garaagaraa agarsiisuutu hubatama. Garaagarummaan bifoota fufii kanaa seeraafi adeemsa qindaa'ina dhamsagootaa (firoommii) hordofa. Karaa biraatiin, dhamsagni qaama fufii {hin-} ta'e /n/n bakkaafi haala uumama isaa jijjiiruun dhamsaga ollaa isaatti firoomee yookaan fakkaatee argama. Kanaaf, akkuma ragaa dhihaate (5) irraa ilaaluun danda'amu akka fakkeenyaatti dhamsaga bakka uumamaan hidh-lamee dura yoo hiriire [m] ta'a kanamalees harsassee dura yoo dhufe [**ŋ]** ta'a. Haaluma walfakkaatuun, walitti dhufeenya dhamsagoota biroo irratti hundaa'uun bifoota [l], [r], [ɱ], [w], [y]tti jijjiiramee mul'ata. Bu'uuruma kanaan, bifoonni akka **[him-], [hiŋ-], [hil-], [hir-], [hiɱ-]** hundi hiika walfakkaataa hi'entaa agarsiisuun firdhamjechoota fufii tokkoo {hin-} ta'uu agarsiisu. Kana ammoo akka itti aanutti cuunfuun ibsuun danda'amee jira.

| **Naannoo itti hiriiru** | **Firdhamjecha** | **Fakkeenya** |
|---|---|---|
| Hidh-lamee dura (b, m) | **[him-]** | [himbeeku], [himmuru] |
| Hidh-ilkee dura (f) | **[hiɱ-]** | [hiɱfiigu] |
| Harsassee dura (q, k, g) | **[hiŋ-]** | [hiŋqalu], [hiŋkoru], [hiŋgalu] |
| Maddee dura (l) | **[hil-]** | [hillatu] |
| Batee dura (r) | **[hir-]** | [hirrafu] |
| gamduubee dura (w, y) | **[hiw-], [hiy-]** | [hiwwaamu], [hiyyaabu] |

| | | |
|---|---|---|
| Laagee dura (ny) | **[hiny-]** | [hinynyaatu] |
| Bakka biraa | **[hin-]** | [hindeemu], [hincabu] |

Walaumaagalatti, ragaa qorannoo kanaa (5) irratti hundaa'uudhaan adeemsa qindaa'ina sagalootaatiin jijjiirama mul'atu sadarkaa addaa addaa lamarratti ilaaluun nidanda'ama. Inni jalqabaa, sadarkaa dhamsagaa qofatti daangessuun ilaaluudha. Kunis, qaama fufii {hin-} keessatti sadarkaa dhamsagaa yookaan sagalee qofarratti yemmuu ilaalamu, adeemsa firoommiitiin dhamsagni /n/ gara [m], [ŋ], [ɱ], [ny], [r], [l], [w] fi [y] itti jijjiiramuun waan mul'atuuf, bifoonni [m], [ŋ], [ɱ], [ny], [r], [l], [w] fi [y] firsagoota dhamsaga /n/ ta'uutu hubatama. Haa ta'u malee, inni lammaffaafi fuuleffannoo qorannoo kanaa kan ta'e, sadarkaa dhamjechaatti ilaaluudha. Bu'uuruma kanaan, sadarkaa dhamjechaa yookaan fufiitti jijjiirama unka {hin-} irratti ta'u, ilaaluu keessatti sadarkaa dhamsagaa qofatti osoo hindaangessiin jijjiirama sadarkaa dhamjecha hi'entaa {hin-}irratti mul'aturratti fuuleffachuudha. Kana jechuun, fufiin duree {hin-}n haala naannoo dhamsaga yookaan sagalee irratti hundaa'uun bifoota garaagaraa kanneen akka [him-], [hiŋ-], [hir-], [hil-], [hiɱ-] [hiw-], [hiy-]fi [hin-] qabaachuu ragaa dhihaate irraa hubachuun danda'amee jira. Bifoonni garaagaraa [him-], [hiŋ-], [hir-], [hil-], [hiɱ-] [hiw-], [hiy-]fi [hin-] hundi hiika tokko (hi'entaa) qabachuun firdhamjechoota {hin-} ta'uu agarsiisanii jiru. Kanaaf, hojiin qorannoo kanaa bifa kanaan ilaalamuun, ibsaafi xinxala qorannoo kanaa keessatti wanti mul'atu firsaga (allophone) qofa osoo hintaane firdhamjecha (allomorph) akka ta'e hubatamuu qaba. Gabaabumatti, hojiin qorannoo kanaa firdhamjechoota haala xindhamsagaa irratti hunda'uun mul'atan (phonologically conditioned allomorphs) xinxaluurratti xiyyeeffate.

**Yaasaa Gochimaa Keessatti Firdhamjechoota Mul'atan**

Yaasaa gochimaa Afaan Oromoo keessatti fufiileen tajaajilan fufii taasisaa, taasisamaafi taasifataa ta'uu hojiilee kanaan dura hojjetaman ni'agarsiisu. Firdhamjechoota fufiileen kunneen qabaachuu danda'an ammoo qorannoo kana keessatti kutaa kana (4.3) jalatti xinxalamuun addeeffamanii jiru.

*Firdhamjechoota Taasisaa (-at-)*

Afaan tokko keessatti ijaarsi taasisaa sadarkaawwan gurguddoo sadan kanneen akka sadarkaa jechaa, xiinjechaafi xinhimaatti xinxalamuu danda'a (Nazara and *etal.,* 2019). Kanaan walqabatee akka Eba and Girma (2019) ibsanitti, Afaan Oromoo keessattis taasisaan sadarkaa sadanuurratti mul'achuu danda'a. Haata'u malee, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa xiinjecharratti waan ta'eef, qorannichi taasisaa sadarkaa xiinjechaa irratti mul'atu xiinxaluu

irratti fuuleffate. Taasisaan sadarkaa xiinjechaa ammoo fufiilee hundee jechaa yookaan qaamolee jechaa biroo irratti maxxananiin agarsiifama. Taasisaa sadarkaa xiinjechaa keessatti mul'atu xinxaluuf fufiilee qaamolee gochimaa irratti maxxanuun jijjiirama bifaa mul'isan adda baasuun qaaccessuufi ibsuu gaafata (Nazara and *etal.*, 2019). Bu'uuruma kanaan, kutaa qorannaa kana jalattis facaatii fufii taasisaa irratti hundaa'uun firdhamjechoota mul'atan qaacceffamanii jiru.

Fufiin{-s} qaama jechaatti maxxanuun yaasaa gochima Afaan Oromoo keessatti taasisaa qeenxee agarsiisti. Haata'u malee, fufiin kun naannoo garagaraatti facaatee galuun bifoota adda qabaachuu dandeessi. Bifoonni fufiin kun qabaachuu dandeessus ragaa (6) irratti dhihaate keessatti ilaaluu dandeenya.

**(6)** a. furd- + **-s-** + -e → **[**furd**is-**e]

b. gabb- + -s -+ -e → [gabb**is-**e]

c. diim- + -s- + -e → **[**diim**ess-**e]

d. jab- + -s- + -e → **[**jab**eess-**e]

e. gal- + -s- + -e → **[**gal**ch-**e]

f. nyaat- +-s- + -e → **[**nyaachch**is-**e]

g. kut- +-s- + -e → **[**kuchch**iis-**e]

Ragaan (6) jalaatti dhihaate akka mul'isutti, {-s-}n hundeewwan jechaatti maxxanuun taasisaa agarsiisti. Kunis, akkuma ragaa (6a-d) irratti dhiyaate irraa ilaaluun danda'amu, fufiin {-s-} hundeewwan gareen maqaa isaanii maqibsa ta'an (furd-, gabb-, diim-, jab-) irratti maxxanuun gara unkaa gochima taasisaa *furdis-*, *gabbis-*, *diimeess-*, *jabeess-* ta'aniitti jijjiirtee jirti. Akka ragaalee (6a) fi (6b) jalatti dhiyaatanitti, {-s-} taasisaa agarsiisuuf hundeewwan maqibsii qaama dhumaa isaaniirratti dhamsaga irrabutaafi jabaan qaban (*furd-*, *gabb-*) yookaan akka waliigalaatti caasaa yookan boca hundee jechaa DfDsDfDf/ DfDsDsDf qabanitti maxxanuun gara unkaa [-is-]tti jijjiiramteetti. Adeemsa qindaa'inaa kana keessatti ammoo adeemsa qindaa'ina dhamsagootaa keessaa saaguun gahee taphatee jira. Kanamalees, (6c) irratti fufiin taasisaa {-s-} hundee gochimaa '*gal-*' jedhu itti maxxanuun gochima [galch-] jedhu yaasuu keessatti bifa [-ch-]tti jijjiiramu argina. Kana irraa ammoo hundeewwan gochimaa dhuma qaama irratti dhamsaga /l/ qabanitti {-s-} taasisaa agarsiisuuf yoo maxxante, bifa [-ch-] qabaachuu isheetu hubatama. Akkasumas, (6d) fi (6e) jalatti ragaalee dhihaatan keessatti {-s-}n hundeewwan maqibsii qaamni dhumaa isaanii jabaafi irrabutaa hintaane (*diim-*, *jab-*) yookaan akka waliigalaatti kanneen caasaa hundee DfDsDsDf/DfDsDf qabanitti maxxanuun bifawwan [-ess-] fi [-eess-] qabaachuu isheetu mul'ata. Kanamalees, ragaaleen (6f) fi (6g) akka

agarsiisanitti, {-s-}n hundeewwan gochimaa dhumarratti dhamsaga /t/ ofirraa qabanitti maxxanuudhaan bifawwan [-is-] fi [-iis-] qabaachuu dandeesseetti. Walumaagalatti, haala faca'insa {-s-} caatoo armaan gadiitiin ibsuun nidanda'ama.

{-s-} →
- [-is-] hundee mqabsii dhumaratti dhamsaga jabaa ykn irrabutaa qabuufi qaama gochimaa utubaa dheeraafi dhumaratti dhamsaga /t/ qabu booda
- [-iis-] qama gochimaa utubaa gabaabaafi dhumaratti dhamsaga /t/ qabu booda
- [-ch-] hundee gochimaa dhumarratti dhamsaga /l/ qabu booda
- [-ess-] hundee maqibsii birsaga dhumaa keessatti utubaa dheera qabu booda
- [-eess-] hundee maqibsii birsaga dhumaa keessatti utubaa gabaabaa booda
- [-s-] bakka biroo

Gama biraatiin, dhamjechi tassisaa {-sis-} taasisaa dachaa agarsiisuuf hundeewwan gochimaa unkaa garaagaraa qabanitti maxxanuudhaan bifawwan garaagaraa qabaachuu ragaalee (7) jalatti dhihaatan irraa ilaaluun nidanda'ama.

**(7)** a. waam- +-sis- + -e → **[**waam**sis**e]

b. 'ajjees- +-sis- + -e → **[**'ajjees**sis**e]

c. mur- +-sis- + -e → **[**mur**siis**e]

d. qab- + -sis- + -e → **[**qab**siis**e]

Akkuma ragaalee (7) jalatti dhihaatan irraa agarru**,** {-sis-}n hundeewwan gochimaa: *'waam-, ajjees-,mur- fi qab-'* itti maxxanuudhaan hiika taasisaa dachaa agarsiistee jirti. Kunis, (7a) fi (7b) irraa wanti hubatamu, yaasaa gochimaa Afaan Oromoo keessatti hundeewwan gochimaa caasaa DfDsDsDf (CVVC) qaban {-sis-} maxxanfachuu danda'udha. Faallaa kanaatiin ammoo, hundeewwan gochimaa caasaa DfDsDf (CVC) irraa ijaaraman (7c) fi (7d) {-siis-} maxxanfachuu danda'uutu hubatama.

*Firdhamjechoota Dhamjecha Taasifataa*

Yaasaa gochimoota Afaan Oromoo keessatti dhamjechi taasifataa bakkeewwan garaagaraatti galuudhaan bifa addaa addaa niqabaata. Kanas ragaa (9) gabatee (1) keessatti dhihaate irraa ilaaluun nidanda'ama.

**(8)** Gabatee (1): Firdhamjechoota Dhamjecha {-at-}

| *Ramaddii* | *Baay'ina* | *Qaama jechaa* | *Dhamjecha Taasifataa* | *Gochimaa yaasame* | *Bifa dhamjecha taasifataa* | *Dhamjecha ramaddii* | *Dhamjecha danoomina* | *Dhamjecha koorniyaa* | *Dhamjecha haala raawwii* |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| $1^{ffaa}$ | qeenxee | hojj- | -at | hojj**edh**e | -edh- | Ø | - | Ø | -e |
| | | dheeb- | -at | dheeb**odh**e | -odh- | Ø | - | Ø | -e |
| | danuu | hojj- | -at | hojj**en**ne | -en- | Ø | -n- | - | -e |
| | | dheeb- | -at | dheeb**on**ne | -on- | Ø | -n- | - | -e |
| $2^{ffaa}$ | qeenxee | hojj- | -at | hojj**et**te | -et- | -t- | - | Ø | -e |
| | | dheeb- | -at | dheeb**ot**te | -ot- | -t- | - | Ø | -e |
| | danuu | hojj- | -at | hojj**et**tan | -et- | -t- | -an | - | Ø |
| | | dheeb- | -at | dheeb**ot**tan | -ot- | -t- | -an | - | Ø |
| $3^{ffaa}$ | qeenxee (dhalaa) | hojj- | -at | hojj**et**te | -et- | Ø | - | -t- | -e |
| | | dheeb- | -at | dheeb**ot**te | -ot- | Ø | - | -t- | -e |
| | qeenxee (dhiira) | hojj- | -at | hojj**et**e | -et- | Ø | - | Ø | -e |
| | | dheeb- | -at | dheeb**ot**e | -ot- | Ø | - | Ø | -e |
| | danuu | hojj- | -at | hojj**et**an | -et- | Ø | -an | - | Ø |
| | | dheeb- | -at | dheeb**ot**an | -ot- | Ø | -an | - | Ø |

Ragaan (8) gabatee (1) kessatti dhihaate akka mul'isutti, {-at-}n ramaddiiwwan adda addaa keessatti hundeewwan maqaatti (*hojj- fi dheeb-*) maxxanuun taasifataa agarsiisuu keessatti bifawwan [-edh-], [-odh-], [-en-], [-on-], [-et-] fi [-ot-] mul'attee jirti. Ramaddii $1^{ffaa}$ qeenxee keessatti {-at-}n hundee maqaa *'hojj-'* waliin bifa [-edh-], *'dheeb-'* waliin ammoo [-odh-] yoo qabaattu, danuu keessatti ammoo hundeewwan kunneen (*hojji- fi dheeb-*) waliin duraa duubaan bifawwan [-en-] fi [-on-] qabaachuu ishee argina. Haata'u malee, ramaddiiwwan $2^{ffaa}$ fi $3^{ffaa}$

qeenxees ta'ee danuu keessatti hundee maqaa *'hojj-'* irratti maxxanuudhaan bifa [-et-], hundee *'dheeb-'* irratti ammoo bifa [-ot-] qabaachuutu mul'ata.

Gama biraatiin, {-at-} daangaa hundee gochimaan alatti maxxanuun adeemsa firoommiitiin jijjiiramni yemmuu irratti mul'atu nijira.Asirratti wanti hubatamuu qabu, daangaa hundee gochimaan alatti yemmuu jedhamu, qaama hundee gochimaan alatti fufiilee {-at-}tti aananii maxxanan waliin adeemsa firoommiitiin jijjiirama taasifamu jechuudha. Haaluma kanaan, ramaddii 1ffaa danuu keessatti fufiin danoomina agarsiistu {-n-} fufii {at-} booda yemmuu hiriirtu, bifa [-an-] qabaatti. Kanas, ragaa armaan gadii (9) keessatti ilaaluun nidanda'ama.

**(9)** a. bit-+-at-+-n-+-e ≠ bitatne → [bit**an**ne]

(Nuti kitaaba bitanne.)

b.mur-+-at-+-n-+-e ≠ muratne →**[**mur**an**ne]

(Nuti rifeensa mataa keenyaa muranne.)

c. qab-+-at-+-n-+-e ≠ qabatne → [qab**an**ne]]

(Nuti ganamaan dabaree konkolaataa qabanne.)

d. qal-+-at-+-n-+-e ≠ qalatne→**[**qal**an**ne]

e. (Nuti ayyaana irratti hoolaa qalanne.)

f. fudh- + at-+-n-+-e ≠ fudhatne→ **[**fudh**an**ne]

(Nuti qormaata biyyoolessaa fudhanne**.**)

Ragaalee armaan olii (9a-e) irraa ilaaluun akkuma danda'amu, adeemsa yaasaa gochimaa keessatti fufiin {-at-} jalqabatti hundeewwan gochimaa: *bit-*, *mur-*, *qab-*, *qal-* fi *fudh-* irratti maxxanuun qaamolee gochimaa yookaan gochima taasifataa: *bitat-*, *murat-*, *qabat-*, *qalat-* fi *fudhat-* uumeetee jirti.Itti aansuun, adeemsa hormaata gochimaa keessatti danoomina agarsiisuuf {-n-} gochima taasifataa uumame irratti maxxanuun ramaddii tokkoffaa keessatti danoomina agarsiistee jirti.Dhuma irratti ammoo fufiin {-e} haala raawwii murtaa'e agarsiisuuf maxxantee jirti.Adeemsa qindaa'inaa fufiilee kunneen keessatti ammoo sababa adeemsa firoommiitiin jijjiiramni unkaa {-at-} irratti taasifamee jira.Kunis, gochimoota taasifataa (*bitat-*, *murat-*, *qabat-*, *qalat-* fi *fudhat-*) dhuma qaama isaanii irratti dhamsaga dubbifamaa /t/ qabanitti {-n-} 'aantee yemmuu maxxantu, adeemsa firoommii guutuutiin qaamoleen gochimaa: *bitann-*, *murann-*, *qabann-*, *qalann- fi fudhann-* akka horsiifaman ta'anii jiru.Adeemsa firoommii kana keessatti ammoo qaama fufii {-at-} kan taate /t/ ollaa ishee {-n-} itti guutummaatti firoomuu isheetu hubatama.Bu'uuruma kanaan, {-at-}n gara unkaa bifa [-an-] qabdutti jijjiiramuu isheetu hubatama.Kanaaf, adeemsa qindaa'ina fufiilee kana irraa ammoo [-an-] firdhamjecha {-at-} ta'uu ishee hubanna.

Haaluma walfakkaatuun, yaasaa gochimaa Afaan Oromoo keessatti yemmuu {-at-} fi {-s-} hundee gochimaa booda walitti aananii hiriiran, adeemsa firoommiitiin qindaa'ina isaan gidduutti taasifamuun jijjiiramni unkaa isaanii irratti nimu'lata. Dhimma kana ilaalchisee ragaalee armaan gadiitti (11a-e) dhihaatan ilaaluun nidanda'ama.

**(10)** a. yaad-+-at-+-iis-+-e ≠ yaadat-iis-e → [yaad**achch**iis-e]

(Beekaan bor barumsi jiraachuu yaadachchiise.)

b. bit-+-at-+-iis-+-e ≠ bitat-iis-e → [bit**achch**iis-e]

(Mucaan abbaa isaa kobee bitachchiis-e.)

c.'akeek-+-at-+-iis-+-e ≠ 'akeekat-iis-e → ['akeekk**achch**iis-e]

(Barsiisaan barataa kutaa keessatti jeequ 'akeekkachchiise.)

d.'arg- +-at-+-iis-+-e≠ 'argat-iis-e→ **[**'arg**achch**iis-e]

(Barsiisaan waan sirriitti barsiiseef, barattoota isaa qabxii gaarii 'argachchiise.)

e. kak-+-at-+-iis-+-e ≠ kakat-iis-e→ [kak**achch**iis-e]

(Abbaan Gadaa namoonni yakka akka hinhojjenneef kakachchiise.)

Akkuma ragaa (10) jalatti dhihaatan irraa ilaaluun dand'amu, adeemsawwan yaasaa gochimaa raawwataman, jalqabaratti fufiin taasisataa (-at-) hundeewwan jechaatti maxxanfamuun qaama gochima taasisataa (*yaadat-, bitat-, akeekat-, argat-, kakat-*) uumtee jirti. Itti aansuun, qaama gochima taasisataa uumametti ammoo fufiin taasisaa (-iis-) dabalamuudhaan qaama gochima taasisaa (*yaadachchiis-, bitachchiis-, akeekkachchiis-, argachchiis, kakachchiis-*) uumuun mul'atee jira. Haata'umalee, erga fufiin taasisaa maxxanee adeemsa firoommiitiin qindoomina fufiilee lamaan (-at- fi –iis-) gidduutti ta'een {-at-}n gara bifa [-achch-]tti jijjiraamteeti.Kun ammoo adeemsa yaasaa gochimaa keessatti [-achch-]n firdhamjecha {-at-} ta'uu agarsiisa.Walumaagalatti, ragaalee olitti (8), (9) fi (10) jalatti dhihaachuun qaacceffaman irraa firdhamjechoota fufii taasifataa: [-at-], [-edh-], [-odh-], [-en-], [-on-], [-et-], [-ot-], [-an-] fi [-achch-] ta'uun hubatamee jira.

***Firdhamjechoota Taasifamaa {-oom-}***

Afaan Oromoo keessatti fufiin {-oom-} hundee maqibsiifi maqaatti maxxanuun gochima uuma.Fufiin {-oom-} Afaan Oromoo keessatti akaakuu fufii taasifamaa keessaa isa tokkoodha. Fufiin kun (-oom-) naannoo galurratti hundaa'ee bifa adda addaa qabaata. Garaagarummaan naannoo fufiin kun itti maxxanu ammoo caasaa birsagaa hundee maqibsii yookaan maqaa irratti hundaa'a.Haaluma kanaan, fufiin jalqabarratti dhamsaga dheeraa qabdu {-oom-}n hundeewwan maqibsii yookaan maqaa birsaga gara dhumaa keessatti dhamsaga gabaabaa qaban irratti maxxanti. Gama biraatiin, dhamjechi jalqabarratti dhamsaga gabaabaa qabdu {-

om-}n ammoo hundeewwan maqibsii yookan maqaa birsaga gara dhumaa keessatti dhamsaga dheeraa qaban irratti maxxanti.Ragaaleen (11a-e) irratti dhihaatanis kanuma mirkaneessu.

**(11)** a. gamn- +-oom-+-e → [gamn**oom**e]

(Tolaan obboleessa isaatti gamnoome.)

b. soor- +-om-+- e →[soor**om**e]

(Badhaasaan waan sirriitti daldaleef soorome.)

c. garb -+-oom-+- e → [garb**oom**e]

(Uummatichi waggaa hedduuf garboome.)

d. fir-+-oom-+-e → [fir**oom**e]

(Boruun obbo Beekaatti firoome.)

e. dhiig-+-om-+- e → [dhiig**om**e]

(Inni isaanitti dhiigome.)

Ragaaleen (11a), (11c) fi (11d) akkuma agarsiisan, hundeewwan: *gamn-*, *garb-* fi *fir-* caasaa birsaga gabaabaa (DfDsDf/CVC) waan qabaniif fufii jalqaba irratti dhamsaga dheeraa qabdu, {-oom-} maxxanfachuun gochimoota: *gamnoome, soorome, garboome, firoome, dhiigome* uumanii jiru.Faallaa kanaan ammo, hundeewwan ragaalee (11b) fi (11e) irratti dhihaatan: *soor-* fi *dhiig-* caasaa birsagaa dheeraa (DfDsDsDf/CVVC) irraa waan ijaaramaniif fufii jalqaba irratti sagalee gabaabaa qabdu {-om-} waliin qindaa'uun gochima uumanii jiru.Walumaagalatti, ragaa (12) irraa unki fufii {-om-} hundee maqibsiifi maqaa birsaga gabaabaa, {-oom-} ammoo hundee maqibsiifi maqaa birsaga dheeraa qaban waliin hiriiruu baqachuutu hubatama. Adeemsa qindaa'inaa kana keessatti ammoo dhiibbaa xindhamsagaa keessaa walbaqannaan gahee qabaachuutu mul'ata.

## Hormaatafi Yaasaa Gochimaa Keessatti Firdhamjewwan Sadarkaa Hundeetti Mul'atan

Adeemsa hormaata gochimaa Afaan Oromoo keessatti daangaa hundee gochimaa irratti fufiin yemmuu maxantu, qindaa'ina adeemsa firoommiitiin unkaa hundee gochimaa irratti jijjiiramni ni uumama.Haaluma kanaan, adeemsa hormaata gochimaa keessatti ramaddii tokkooffaa irratti fufiin danoominaa {-n-}n yemmuu hundee gochimaatti maxxantu jijjiiramni unkaa hundee gochimaa irratti nitaasifama.Kun ammoo ramaddii tokkoffaa keessatti hundeewwan gochimaa Afaan Oromoo dhamsagoota dubbifamaa /t/, /x/, /d/ dhuma irratti qabanitti fufii danoomina mul'istu {-n-}maxxansuun adeemsa firoommii guutuutiin unkaalee mul'ataniidha. Mee ragaa armaan gadii (12a-c) haa ilaallu.

**(12)** a. nyaat-+-n-+-e ≠ntaatne→**[nyaan**ne]

(Nuti laaqana keenya nyaanne**.**)

b. fix-+-n + -e ≠ fixne → [**fin**ne]

(Nuti qarshii qabnu hunda finne.)

c. bad-+-n-+-e ≠ badne→ [**ban**ne]

(Nuti karaa wallaallee banne.)

Akkuma ragaa olii irraa (12a-c) hubachuun danda’amu, hundeewwan gochimaa: *nyaat-, fix-, bad-* dhuma isaanii irraa dhamasagoota dubbifamaa bakka uumamaatiin irgee ta’an: /t/, /d/, /x/ qabu.Hundeewwan gochimaa dhamsagoota dubbifamaa /t/, /d/, /x/ qaama dhumaa isaanii irraa qaban kunneen itti aanuun fufii ramaddii 2ffaa keessatti danoomina agarsiistu {-n-}n maxxanfamuun dhamsagoonni dubbifamaa qaama dhumaa hundeewwan gochimaa irratti argaman kunneen gara fufii olla isaanii {-n-} itti firoomuun bifa dhamsaga /n/tti jijjiiramanii argamanii jiru.Karaa biraatiin, hudeewwan gochimaa qaama isaanii dhuma irratti dhamsagoota dubbifamaa /t/, /d/, /x/ qabanitti aanee fufiin danoomina agarsiistu {-n-} waan maxxanteef, dhamsagoonni dubbifamaa: /t/, /d/, /x/ amala haala uumamaa (funyee) olla isaanii fudhachuun olla isaanii /n/ ta’uutu hubatama.

Walumaagalatti, fufiin {-n-}n kan danoomina agarsiistu yemmuu hundeewwan gochimaa: *nyaat-, fix-, bad-* ramaddii 1ffaa keessatti yemmuu maxxantu, adeemsa firoommiitiin haala duraa duuba isaaniitiin bifa: *nyaan-, fin-, ban-*, argatanii jiru. Kanarraa ammoo hundeewwan adeemsa firoommiitiin jijjiiramni iratti mul’ate kunneen (*nyaan-, fin-, ban-* ) firdhamjechoota hundeewwan duraa (*nyaat-, fix-, bad-*) ta’uu isaaniitu hubatama.

Gama biraatiin, hundeewwan gochimaa dhuma isaanii irraa dhamsagoota: /t/, /d/, /x/ qaban kunneen fufii taasisaa yemmuu maxxanfatan, dhamsagni qaama dhumaa isaaniirratti argamu jijjiiramuun unkaan yookaan bifni biraa yemmuu uumamu ni’argama. Kanaan walqabatee ragaa armaan gadiitti (13) dhihaate ilaaluun nidanda’ama.

**(13)** a. nyaat- + -s- + -e → [**nyaachch**ise]

(Tolaan hoolota midhaan nyaachise.)

b. bad- + -eess- + -e → [**ball**eesse]

(Caalaan hoolota biqiltuu balleessise.)

c. fix- + -s- +-iis- + -e → **[ficc**isiise]

(Tolaan saawwan midhaan ficcisiise.)

Akkuma ragaalee (13a fi b) irraa hubatamu, fufiin taasisaa hundeewwan gochimaa: *nyaat-,bad-* fi *fix-* itti maxxanuun adeemsa firoommiitiin duraa duubaan gara unkaa hundeewwan gochimaa: *nyaachch-, ball- fi ficc-* itti jijjiiree jira.Adeemsa firoommii kana keessattis dhamsagoonni dubbifamaa dhuma qaama hundeewwan gochimaa irratti argaman: /t/, /d / fi /x/ haala duraa duuba isaaniitiin gara dhamsagoota jabaa: /chch/, /ll/ fi /cc/tti jijjiiramanii

jiru.Kunis, dhamsagoonni dubbifamaa bakka uumamaan laagee hintaane /t/ fi /x/n qabata dubbachiiftuun olee /i/n ollaa isaaniitti sagamteef, gara sagalee laagee /chch/ fi /cc/itti firoomanii jiru.Gama biraatiin, adeemsa firoommii (13b) keessatti dhamsagni dubbifamaa /d/ kan qaama dhumaa hundee gochimaa ‘*bad-*‘ irratti argamu, yemmuu fufiin taasisaa itti aantee maxxantu, gara sagalee dubbifamaa jabaa /ll/tti firoomtee jirti.Haaluma kanaan, adeemsa firoommii kana (13b) keessatti ammoo hundeen ‘*bad-*‘ gara unkaa ‘*ball-*‘ itti jijjiiramee jira. Akka waliigalaatti, dhamjechoota unka hundee qabaniifi firdhamjechoota isaanii caatoo kaa’uun nidanda’ama.

a) {nyaat-} → [nyaat-] bakkeewwan biroo
→ [nyaan-] fufii danoominaa {-n-} dura
→ [nyaachch-] fufii taasisaa dura

b) {fix-} → [fix-] bakkeewwan biroo
→ [fin-] dhamjecha danoominaa {-n-} dura
→ [ficc-] dhamjecha taasisaa dura

c) {bad-} → [bad-] bakkeewwan biroo
→ [ban-] fufii danoominaa {-n-} dura
→ [ball-] fufii taasisaa dura

## GOOLABAA

Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni hirkataa hundee hirkataafi fufiitti qoodamuun ilaalamuu danda’u. Hundee hirkataas ta’ee fufiin kunneen ijaarsa jechaa keessatti naannoo garaagaraa keessatti faca’uun firdhamjecha horachuu danda’u.

Bu’uuruma kanaan, xiinxala ragaa qorannoo kana irraas adeemsa hormaataafi yaasaa gochimaa Afaan Oromoo keessatti firdhamjechoota sadarkaa fufiifi hundee gochimaatti jiraachuun hubatameera.

Adeemsa hormaata gochimoota Afaan Oromoo keessatti fufiileen firdhamjechoota tokkoo ol qabaachuun tajaajilan: fufii ramaddii ({-t-}), fufii danoominaa ({-n-}), fufii korniyaa ({-t-}) fi fufii hi’entaa ({hin-}) agarsiisan ta’uu qorannoo kanaan adda bahaniiru. Haaluma kanaan, firdhamjechoota {-t}: [-d-], [-x-], [-c-] fi [-s-], akkasumas kan {-n-} ammoo [-n-], [-1-], [-r-], [-in-] fi [-an] ta’uun bu’aa qorannichaa irraa hubatameera. Kanamalees, firdhamjechoota {hin-}: ([him-], [hiw-], [hiny-], [hil-], [hir-], [hiŋ-], [hiy-] fi [hiɱ-] ta’uu adda bahanii jiru. Qabanni isaa akka bu’aan qorannichaa agarsiisetti, bifoonni garaagaraa dhamjechoota yookaan fufiilee

kunneen sababii bakka garaagaraa galuun dhiibbaan naannoo irra gaheen uumamuu danda'anii jiru.

Gama biraatiin, adeemsa yaasaa gochimootaa keessatti ammoo fufiileen taasisaa ({-s-/-sis-}), taasifataa ({-at-}) fi taasifamaa ({-om-})n firdhamjechoota tokkoo ol qabaachuun qorannoo kanaan beekamee jira. Fufiin {-s-/-sis-}: [-is-], [-iis-], [-ch-], [-s-], [-ess-], [-eess-], [-s-], [-sis-] fi [-siis-], fufiin {-at-}: [-at-], [-edh-], [-odh-], [-en-], [-on-], [-et-], [-ot-], [-an-] fi [-achch-], fufiin {-om-} ammoo [-om-] fi [-oom-] firdhamjechoota isaanii ta'uu xiinxala ragaa qorannichaan adda bahaniiru.

Sadarkaa hundeetti ammoo adeemsa hormaataafi yaasaa gochimaa Afaan Oromoo keessatti qabata hundeen gochimaa fufiilee biroo waliin qindaa'uun, qaama dhumaa hundee gochimarratti dhamsagni mul'atu gara fufii ollaa isaatti firoomuun jijjiiramni bifa hundee irratti ta'uun hunbatameera.Bu'uuruma kanaan, adeemsa hormaata gochimaa keessatti ramaddii tokkooffaa irratti fufiin danoominaa {-n-}n yemmuu hundee gochimaatti maxxantu, jijjiiramni unkaa hundee gochimaa irratti nitaasifama.Kun ammoo hundee gochimaa Afaan Oromoo dhamsagoota dubbifamaa /t/, /x/, /d/, dhuma irratti qabanitti ramaddii tokkoffaa keessatti fufii danoomina mul'istu {-n-}maxxansuun adeemsa firoommii guutuutiin firdhamjechoota hundee uumamaniidha. Dabalataanis, adeemsa yaasaa gochimaa keessatti hundeewwan gochimaa dhuma isaanii irraa dhamsagoota /t/, /d/, /x/ qaban kunneen fufii taasisaa yemmuu maxxanfatan, dhamsagni qaama dhumaa isaaniirratti argamu firoomiidhaan waan unkaa jijjiirratuuf, firdhamjechoota sadarkaa hundeetti kan uumaman ta'uu qorannoo kanaan hubatameera.

Gama biraatiin, akka argaannoon qorannoo kun agarsiisutti firdhamjechoota sadarkaa fufiis ta'ee hundee gochima irratti mul'atuuf, qabanni guddaan dhiibbaa dhamsagoonniifi dhamjechoonni ollaa yookaan naannoo jiran uumaniin ta'uu hubatamee jira. Kunis, qindaa'inaafi jijjiirama dhamjechootaa (hundeefi fufii) irratti ta'u kana keessatti dhiibbaa adeemsa qindaa'ina xiindhamsagaa keessaa firoommii, saaguufi walbaqannaan gahee olaanaa qabaachuu argannoon qorannichaa agarsiiseera. Dhumarratti, qorannoon firdhamjechoota xiinjecha Afaan Oromoo guutuu akka ta'uuf, qorannoo kanaa keessatti kan hinhammatamne firdhamjechoota xiinjecha maqaafi maqibsaa osoo qorannoo biraatiin bira gahamee gaarii ta'a.

## WABIILEE

Atche, D. (2020). *Introduction to English Morphology*. F.H-B University. https://www.scribd.com/document/590046631/937-l3-morphology-2019-20-1

Addunyaa, B. (2013). *Sanyii: Jechaafi caasaa isaa*. Finfinnee: Lem Printing PLC.

Baye, Y. (1986). *The phrase structure of Ethiopian Oromo* (PhD dissertation). University of London.

Daani'eel Lammeessaa (2020). *Caasluga Gaalee Gochimaa Afaan Oromoo (*Waraqaa PhD. Yuunivarsiitii Wallaggaa.

Debela, G. (2010). *The semantics of Oromo frontal adpositions* (PhD dissertation). University of Oslo.

Dominguez, J. (1991). The role of morphology in the process of language acquisition and learning. *Revista Alicantina de Estudios Ingleses*, 37–47.

Eba, T., & Girma, T. (2019). Causative constructions in Afaan Oromoo: Formal and semantic perspectives. *Macrolinguistics*, 7(1), 70–96.

Filee, J. (2015). *Seerluga Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.

Haspelmath, M. (2002). *Understanding morphology*. New York: Oxford University Press.

Jana, B. (2010). *Morphology: Lecture note* (Unpublished manuscript). https://www.ling.upenn.edu/

Katamba, F. (1993). *Modern linguistics: Morphology*. New York: St. Martin's Press.

Laurel, J., & Donna, M. (2010). *The linguistic structure of modern English*. Amsterdam: John Benjamins Publishing.

Mekonnen, H. (2002). *Lexical standardization in Oromo* (Unpublished MA thesis). Addis Ababa University.

Milkeessaa, M. (2015). *Afaan Oromoofi imaammata afaanii biyya Itoophiyaa, 1855–2015*. Finfinnee, Oromiyaa: Elleni P.P. PLC.

Nazara, W., Sudipa, I., Artawa, K., & Satyawati, M. (2019). Causative constructions in the language of Nias. *International Journal of Social Sciences and Humanities*, 3(2). http://sciencescholar.us/journal/index.php/ijssh

O'Grady, W., & Guzman, V. (1996). Morphology: The analysis of word structure. In W. O'Grady, F. Katamba, & M. Dobrovolsky (Eds.), *Contemporary linguistics: An introduction* (pp. 132–173). Edinburgh: Longman Pearson Education Ltd.

Öz, H. (2014). Morphology and implications for English language teaching. In Saricoban (Ed.), *Linguistics for English language teaching studies* (pp. 83–120). Ankara: Ani Publishing.

Poole, C. S. (1999). *An introduction to linguistics*. Macmillan Publishers Ltd.

Tamane, B. (2006). Looga Oromoo Walloo. *Journal of Oromo Studies*, 13(1–2), 147–163.

Tarigan, J., & Sembiring, M. (2023). The allomorphy in English words: Morphology and phonology interrelated approach. *Language Literacy: Journal of Linguistics, Literature and Language Teaching*, 7(1), 229–240.

Teferi, D. (2015). *The development of Oromo writing system* (PhD thesis). University of Kent.

Tolemariam, F. (2009). *A typology of verbal derivation in Ethiopian Afro-Asiatic languages*. Utrecht: LOT.

Tujube, A. (2010). *Negation in Afan Oromo* (Unpublished MA thesis).Addis Ababa University.

Wakweya, O. (2014). *Inflectional morphology in Oromo* (Unpublished MA thesis).Addis Ababa University.

Warquu, D. (Ed.). (2005). *Wiirtuu Jiildii 10: Barruulee qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. Finfinnee: Print Branna P.E.

Yule, G. (2010). *The study of language* (4th ed.). New York: Cambridge University Press.

Yusuf, M. (2021). *Morphology*. IAIN Parepare Nusantara Press.